Washington State Department of Social & Health Services
Transforming lives

DEVELOPMENTAL DISABILITIES ADMINISTRATION (DDA)

Beeksisa Wagga Afuri(4)tti Tajaajilli kan Addaan Citu Ta'uu

Notification of Age Four (4) Eligibility Expiration

MAQAA FI TEESSOO

MAQAA FI TEESSOO BAKKA BU'AA

DHIMMI ISAA: **BEEKSIISA WAGGA AFURI(4)TTI TAJAAJILLI KAN ADDAAN CITU TA'UU**

Daa'imni keessan yeroo ammaa maamila Bulchiinsa Qaama Miidhamtoota Guddinaa (DDA) dha. Daa'imni kun sababa sagantaa dhalatee hanga waggaa saditti kennamu ykn Sagantaa Daa'imman Tajaajila Yaalaa ol'aanaa keessatti galama'eef Maamila Bulchiinsa Qaama Miidhamtoota Guddinaa (DDA) ta'ee jira. Daa'imni keessan itti fayyadamaa sagantaa Maamila Bulchiinsa Qaama Miidhamtoota Guddinaa (DDA) ta'uunsa gaafa inni/isheen guyyaa dhalootaa isaa/ishee kan waggaa afuraffaa irratti xumurama. Daa'imni keessan Maamila Bulchiinsa Qaama Miidhamtoota Guddinaa (DDA) irraa faayidaawwan keennaman itti fufee akka fayyadamaa ta'uu danda'uuf, isin otuu daa'imni keessan waggaa afur hin guutiin irra deebitanii iyyata dhiyeefachuu qabdu. Da'iimni keessan ulaagaalee gabatee sanadoota barbaachiisanii jedhe kan walqabsiifame keessatti tarreefaman keessa sababa ulaagaa tokkoo isaatiin itti fayyadamaa sagantichaa ta'uufi dhabuun isaa irra deebifamee murteefamuu qaba.

Akkamittiin Yeroo lamaffataa akka iyyata dhiyeefatan:

Isin sanadoota iyyata yeroo lamaffaatiif dhiyaatu gaafachuuf otuu guyyaan dhalootaa daa'ima keessanii kan waggaa afuraffaa hin gahiin yoo xiqqaate guyyoota 90 dura hojjettoota simannaa fi addaan baastuu ulaagaa Maamila Bulchiinsa Qaama Miidhamtoota Guddinaa (DDA) dubbisa. Isin iyyannoo kan barreefamaan ykn lakkoofsa bilibaa kan armaan gaditti caqasameen bilbiluun dhiyeefachuu ni dandeessu. Sanadni iyyataa isiniif karaa ergaa xalayaa isiniif ergama.Isin sanadoota iyyannoo kallattii toora intarneetiitiinn weebisaayitii https://www.dshs.wa.gov/dda/consumers-and-families/eligibility daawachuun argachuu ni dandeessu.

Ani otuu irra deebi'ee dhiyyachuu baadhe maal ta'a?

Isin sanada irra deebi'anii dhiyachuu yoo hin gaafanne ta'e ykn iyyannoo kana guyyaan dhalootaa daa'ima keessanii kan waggaa afuriffaa otuu hin gahiin yoo xiqqaate guyyoota 60 dura yoo hin deebisne yoo ta'e, tajaajilli daa'ima keessaniif Maamila Bulchiinsa Qaama Miidhamtoota Guddinaa (DDA)tiin kennamu guyyaa dhaloota isaa/ishee kan waggaa afuraffaa ni xumurama. Daa'imni keessan tajaajila kanfaltii kan Maamila Bulchiinsa Qaama Miidhamtoota Guddinaa (DDA) irraa argatu yoo ta'e, tajaajilli kun guyyaa dhalootaa isaa/ishee kan waggaa afuriffaa irratti kan xumuramu ta'a.

Saganta Maamila Bulchiinsa Qaama Miidhamtoota Guddinaa (DDA) keessatti hirmaachuun xumuramuun isaa hirmaannaa sagantaa barnoota fedhii addaa ykn itti fayyadamaa SSI ta'uu irratti dhiibbaa hin qabu. Tajaajila Kutaa Ol'aanaa Tajaajila Hawaasummaa fi Fayyaa (DSHS) kennamu kan isin argatan kan biraa kamiyyuu (tajaajila yaalaa isin argatan kan akka deegarsa yaalaa, TANF ykn Deegarsa Nyaataa) irrattis dhiibbaa hin qabu.

Hanga danda'ameetti dafaa deebii kenna; garuu guyyaan dhalootaa daa'ima keessanii kan waggaa 4ffaa otuu hin gahiin yoo xiqqaate waggaa 90 dura ta'uu qaba. Nuti isin irraa yoo deebii argachuu baanne, nuti isin daa'imni keessan deegarsa Maamila Bulchiinsa Qaama Miidhamtoota Guddinaa (DDA) irraa argachuu akka itti fufu hin barbaadan jennee fudhanna. Umurii waggaa afurii irratti sanadni ulaagaa guutuu sirrii ta'e dhiyeessuu baannaan, taajjilli Maamila Bulchiinsa Qaama Miidhamtoota Guddinaa (DDA) daa'ima keessaniif kennuu gaafa guyyaa dhaloota isaa waggaa 4ffaa irratti ni xumurama.

Isin gaaffiiwwan yoo qabatan yjb sanada iyyannaa gaafachuu yoo barbaadan, maaloo nama armaan gaditti caqasame dubbisa.

MAQAA	LAKKOOFSA BILBILAA	TEESSOO E-MEELII

Koppiin sanadoota seera naannoo kan ulaagaa faayidaa sagantaa bulchan gaaffii yoo dhiyaatu ni kennamu ykn toora kallattii intarneetii https://www.dshs.wa.gov/dda/consumers-and-families/eligibility irraa ni argatu.

GG: Faayila maamilaa ykn itti fayyadamaa

Gabatee Sanadoota Barbaachiisanii

ULAAGAA MIIDHAA QAAMAA	UMURII	BU'AA QORANNOO YAALAA	QAAMA QORANNOO YAALAA GAGGEESSU	GALMEEWWAN KAN BIRAA
Dubatti harkifachuu guddinaa	Umurii waggaa 4 hanga 9	Dubatti harkifachuu guddinaa	Ogeessa qorannoowwan ykn gamaagamma guddinaa to'achuuf barate	Umurii waggaa 4 hanga 9- qorrannoo amma dhiyyootti ji'oota 12 darban keessatti gaggeefame irratti hunda'ee dubbatti harkifachuu guddinaa sadi ykn isaa olii adda addummaa idilee 1.5 ykn umurii duraa duubaa irraa %25 kan duubatti hafe
Dhibee ykn miidhaa yaalii ol'aanaa barbaachiisu	Guyyaa dhaloootaa irraa hanga waggaa 17tti			Sagantaa Deegarsa Daa'immani Kan yaalii Ol'aanaa Argatu
Miidhaa qaamaa xinxala sammuu	Umurii Waggaa 4 fi isaa ol	Miidhaa qaamaa xinxala sammuu (Kan duraan duubatti harkifachuu guddina sammuu)	Ogeessa Xinsammuu kan heeyyama qabu, ogeessa xinsammuu mana barumsaa heeyyama Waashingitan qabu ykn ogeessa xinsammuu kan mana barumsaa kan biraa kan Waldaa Biyyooleessaa kan Ogeessoota Xinsammuu kanneen mana barumsaa irratti hojjetan	Qabxii Safartuu qaxalummaa guutuu irraa Adda Addummaa idilee lama kan gidduu galeessaa gadii fi qabxii qorannoo dandeetii waa barachuu irraa adda addummaa idilee lama kan giddu galeessa gadi ta'e dabalatee gabaasa dhibee xinsammuu guutuu
Laamishaawuu sarabireemii sammuu	Umurii Waggaa 4 fi isaa ol	Laamishaahuu sarabileemii sammuu Lamiishaawuu miillaa fi harkaa Laamishaahuu Qaama gartokkoo Laamishaahuu miillaa ykn harkaa	Dooktara heeyyama qabu	Umurii waggaa 3 dura eegaluun, fi odeeffannoowwan fedhii degaarsa qaamaa guyyaan barbaadamu deegaru bakka lamaa ykn isaa ol (mana fincaaniitti, dhaqna dhiqachuu, nyaata, huccuu dhufachuu, olii gadi deemuu ykn yeroo dubbatu) irratti taasiifameefii mul'isu
Dhibee gaggabdoo	Umurii Waggaa 4 fi isaa ol	Dhibee gaggabdoo	Ispeeshaalistii Yaalii Narvii kan Boordiitiin heeyyamni kennameef	Qorannoo yaalaa kan seenaa yaalaa fi qorannoo narvii irratti hunda'e, dhibee gaggabsoo to'annoon ala fi kan yeroo yerootti nama mudatu kan qabu ta'uu isaatiif mirkaneessa dooktaraan ykn ispeeshalistii narviitiin kennamee fi qorannoo dandeettii waa barachuu kan fayyummaa waa barachuu irratti rakkoowwan qabatamaa kan adda addummaa ildilee lamaa ol kan gidduu galeessaa gadi ta'e qabaachuu mul'isu
Dhibee Otizimii (Akkaataa DSM-IV)	Umurii Waggaa 4 fi isaa ol	Dhibee Otizimii DSM – IV- TR keessatti akkaataa 299.00 tiin	Ogeessa Xinsammuu kan heeyyama qabu, Ogeessa Narsii Galmaa'e Ol'aanaa (ARNP) kan wiirtuu dhibee ootizimii ykn dhibee guddinaa ykn ogeessa boordiidhaan gahumsi isaa/ishee mirkaneefame: Ispeeshaalistii yaalii narvii, Ispeeshaalistii yaalii dhibee sammuu, ykn Ispeeshaalistii yaalii guddinaa fi amala daa'imaa	Ulaagaalee qorannoo guutuu bu'uura DSM-IVtiin Qorannoo Guutuu taasiisame, mallattoo duubatti harkifachuu ykn rakkoo hojjechuu sammuu kan waggaa sadii duraa gama dandeettii hawaasummaa, afaan, waliigaltee ykn xapha mallattoo ykn yaaduu, qorannoo dandeettii waa barachuu kan fayyummaa waa barachuu irratti rakkoowwan qabatamaa kan adda addummaa ildilee lamaa ol kan gidduu galeessaa gadi ta'e qabaachuu mul'isu
Dhibee Ispeekitireemii ootizimii (Akkaataa DSM-V)	Umurii Waggaa 4 fi isaa ol	Dhibee Ispeekitireemii ootizimii 299.00 Gadeewwan lamaan keessatti sadarkaa cimina dhibee 2 ykn 3 dabalatee akkaataa DSM-5 tiin	Ogeessa Xinsammuu kan heeyyama qabu, Ogeessa Narsii Galmaa'e Ol'aanaa (ARNP) kan wiirtuu dhibee ootizimii ykn dhibee guddinaa ykn ogeessa boordiidhaan gahumsi isaa/ishee mirkaneefame: Ispeeshaalistii yaalii narvii, Ispeeshaalistii yaalii dhibee sammuu, ykn Ispeeshaalistii yaalii guddinaa fi amala daa'imaa	Ulaagaalee qorannoo guutuu bu'uura DSM-IVtiin Qorannoo Guutuu taasiisame, mallattoo duubatti harkifachuu ykn rakkoo hojjechuu sammuu kan waggaa sadii duraa gama dandeettii hawaasummaa, afaan, waliigaltee ykn xapha mallattoo ykn yaaduu, qorannoo dandeettii waa barachuu kan fayyummaa waa barachuu irratti rakkoowwan qabatamaa kan adda addummaa ildilee lamaa ol fi FSIQ kan adda addummaa idilkee tokko ykn kan gidduu galeessaa irraa baay'ee gadi ta'e ykn bu'uura DSM-IVtiin ulaagaalee Dhibee Ootiziimii 299.00 hunda guutu
Dhibee narvii kan biraa ykn dhukkuba biraa kan miidhaa xinxala sammuu wajjin kan walfakkaatu	Umurii Waggaa 4 fi isaa ol	Dhibee narvuu ykn kiroomoozoomii kan miidhaa waa xinxaluufi baruu geessisuu	Dooktara heeyyama qabu	Qabxii Safartuu Qaxalummaa Iskeelii Guutuu kan adda addummaa idilee 1.5 caalu kan gidduu galeessaa gadi ta'eefi qorannoo dandeettii waa barachuu kan fayyummaa waa barachuu irratti rakkoowwan qabatamaa kan adda addummaa ildilee lamaa ol kan gidduu galeessaa gadi ta'e qabaachuu mul'isu

Hubannoo: Unki kun qajeelfama waliigalaa qofa yoo ta'u Bulchiinsa Qaama Miidhamtoota Guddinaa (DDA)'n odeefannoo ykn qorannoo dabalataa barbaaduu ni danda'a. Sanadni kun faayidaa argachuu akka malu murteessuuf tarkaanfii dura dha. Faayidaa Bulchiinsa Qaama Miidhamtoota Guddinaa (DDA) argachuun bu'uura seera WAC boqonnooaa 388-823tiin murteefama.